# Rabbiin kakadhee gaala diimaa qabaachuu irra nama tokko Rabbiin sababaa keetin qajeelchuutu siif caala

Sahl bin Sa'ad irraa odeeffame Rabbiin irraa haa jaallatu, Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- Guyyaa Kheybar akkana jedhan: «Boru alaabaa kana nama Rabbiin harka isaa irratti injifannoo fidutti, kan inni Rabbii fi Ergamaa Isaa jaallatu, Rabbii fi Ergamaanis kan isa jaallattanittin kenna». ni jedhe (Sahl): ummanni isaan keessaa isa kamitti kennama jedhanii yaaduudhaan halkan sana dabarsan, Yeroo bari'u ummanni gara Ergamaa Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- hundi isaanii akka kennamuuf abdatanii deeman, ni jedhan (Rasuul sallallaahu aleyhi wasallam): «Aliyyi bin Abii Xaalib eessa jira?» ni jedhame: Inni yaa Ergamaa Rabbii ija isaa lamaan dhukkuba, ni jedhan: «Nama itti ergaa», isaan dhufamee, Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- ija isaa lamaan keessatti tufanii isaaf du'aa'ii godhanii, akka waan dhukkubbiin tokkolleen isa mudatee hin beekneetti fayye, ergasii alaabaa itti kenne, Aliyyis akkana jedhe: Yaa Ergamaa Rabbii hanga isaan nuun tokko ta'anitti isaanin nan lolaa? isaanis ni jedhan: «suuta jedhi, hanga eddoo isaanii keessa qubattutti, achiis gara Islaamummaatti isaan waami, Haqa Rabbii kan Islaamummaa keessatti isaan irratti dirqama ta'u itti himi, Rabbiin kakadhee gaala diimaa qabaachuu irra nama tokko Rabbiin sababaa keetin qajeelchuutu siif caala».

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- injifannoo Muslimoonni guyyaa itti aanutti yahuudota Kheybar irratti dhugoomsan, sunis kan harka nama tokkoo kan alaabaa isaaf kennan irratti ta'u Sahaabotatti himan, innis(alaabaan) alaabaa waraanni akka asxaa beeksisaatti itti fayyadamaniidha. Haala namicha kanaa keessaa inni Rabbii fi Ergamaa Isaa jaallachuu fi Rabbii fi Ergamaanis Isa jaallachuudha. Kabaja guddaa kana hawwuudhaan, Sahaaboonni halkan sana eenyuuf alaaban sun kennama jedhanii mari'achaa haasa'aa bulan? Yeroo bari’u hundi isaanii kabaja kana ni arganna jedhanii abdachuun gara nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- deeman. Isaanis, nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu, Aliyyi bin Abii Xaalib eessa jira jechuun gaafatan? ni jedhame: Inni ija isaa lamaan dhukkubsata. Ergamaanis -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- itti erganii waamanii, Hancufa isaanii irraa ija isaa keessatti tufanii du'aa'ii godhaniifii, akka waan dhukkubbiin tokkolleen isa mudatee hin beekneetti fayye, ergasii alaabaa itti kennanii, hamma inni masaraa diinaatti dhiyaatutti suuta jedhee akka deemu isa ajajan, akkasumas gara Islaamummaatti isaan waamu, sana keessatti yoo isa tole jedhan dirqamoota irraa waan isaan dirqma ta'u isaanii himutti isa ajajan. Sana booda sadarkaa gara Rabbiitti waamuun qabuu fi namni gara Rabbitti waamu qajeelluma nama tokkoof sababa kan tahu yoo tahe, gaala diimaa, kan qabeenya Arabootaa keessaa gatii guddaa qabu isa horachuu ykn sadaqaa kennuu irra isaaf caalaa

akka tahe Aliyyiif ibsan.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/3409